

AARSA

SABONA ART



AARSAA

AARSAA

(WALALOO)

Yaadannoo guyyaa 40^{ffaa} wareegamuu
barataa Abboomsaa Warquu tiif

Sabboonaa Tolasaa Darasaatiin

Finfinnee, Oromiyaa!

AARSAA

© Sabboonaa Tolasaa Darasaa

Mudde 2021 G.C.

Mirgi barreessaa safuun eegamaadha.

Yaada jajjabinaa, qeeqaafi sirreeffama qabdan qunnamsiistuu kanaa gadiitin naaf kennaa.

Bilbila: (+251)922725855/962167789

Facebook: Sabona Tolasa

E-mail: sabonatomlasa64@gmail.com

Telegram Channel: <https://t.me/sabonart>

GULAALTOTA

1. Tokkummaa Dachaasaa(Msc)
2. Abboomaa Ijaaraa

AARSAA

YAADA GULAALTOTAA

“Jireenyasaa keessatti ilma namaa waa baay’eetu madeessa. Madaa malaa guuru; kan hirriiba balleessu. Kan boqannaa dhorku, madaa hamaa! Madaa kanas lilmoon ittiin malaafatu yoo jiraate oguma. Ogummi lilmoo ilmi namaa madaa muddaa kana ittiin malaafatuudha. Baga malaafattee furamte!”

(Abboomaa Ijaaraa, Barataa Yuunibarsiitii Haramaayaa, Barreessaa fi Gulaalaa)

“Og-walaloon furgaafannaa eeluu keessoo garaati; kulkulfannaa booree fi seexati; akkasumas, calaqee sadoof qananiiti. Sabni roorroon itti hammaatte, walaloodhaan quuqqaa isaa ibsata; yookaan ammoo yeedaloodhaan dabaalee, geerraree dhiichisee roorroo isa muudattetti xiiqeffata. Walaloon barataa qacalee waloo Sabboonaa Tolasaatiin barreeffamte tunis, dhikkifannaa barattoota Oromoo bara baraan kichuutti muramanii aarsaa ta’an agarsiifti. Barataa Abboomsaa Warquus, sirna wareegama hin quufne kanaan hiree hadhooftuu tana qooddate. Ta’us, bilisummaan wareegama gootota qaqqaaliin ala hin dhuftu. Kaayyoo isaan kufaniif galmaan gahuun ammoo dirqama dachaa dhaloota jiruuti. Humnoonni jechootaa fi tarreeffamni yaadaa, Sabboonaan fayyadamee goota kanaaf walaleesse ammoo jabina dhaloota jiranii agarsiisa. Aarsaan gumaata yaadannoo gootota barattoota kanaati, itti dhiyaadhaa!”

(Tokkummaa Dachaasaa (MSc), Waloo fi Gulaalaa)

AARSAA

BARREESSICHA



Sabboonaa Tolasaa barataadha. Yuunibarsiitii Finfinnee (AAU) tti barataa ‘Injinariingii’ waggaa 3^{ffaa}ti. Akkasumas Waloo fi ogeessa fakkiiti. Kitaabni ‘Aarsaa’ jedhu kun kitaaba koo lammataadha. Armaan dura kitaabnin barreessuun xumure tokko hawaasa bira qaqqabuuf adeemsa maxxansaarra jira. Yeroo dhiyootti akka isin bira gahu abdii guutuun qaba.

AARSAA

DHAAMSA BARREESSICHAA

Wanti cufti bitaacha'ee jireenyi abjuu taatuu, deemsi karaa dheeratee mogoleen nu laafuu, gufuun qorrattiin waltumsanii nu takaalanuu tiranneetuma daaddisnee galma keenya geenya malee gola ormaa keessa hin burraaqnu.

Wareegamni qaaliwwan nuti qabnuu dachaan dabalee gaddi boquu nu cabsuu, isaaniin yaadachaatii dhalootaaf abdii taana malee abdii kutannee lafa gubbaatti ormaaf garbicha hin taanu. Inumaa lafee wareegamtoota aarsaa nuuf ta'anii dhadhaabbata godhanneetu xurree isaaniirra imalla malee, matumaa of duuba hin deebinu. Muramte!

AARSAA

YAADANNOO

Aarsaa akkan bifaan ibsuuf otoon gaafatamee, ‘Dungoo fakkaatti’ jedheen deebisa. Dungoon ofii gubachaama hammeenya garajabinaan dukkana duubatti dalagamuuf ture iftee saaxilti. Aarsaa ta’uutu akkana! Isin dhaloonni qaaliin akka nuti mataa olqabannee deemnuuf jecha ofii boquu cabdan, warreen gaafa dhibdee dungoo taatanii nuuf iftan, isin qaaliwwan guyyaan isin miitee miila fageeffattan, Barattoonni fi wareegamtoonni saba keessaniif aarsaa taatan kitaaba kanaan yaadatamaa.

Yeroon ani ciniinsuu jireenyaa hammaataan galaana dhiphinaa daaku, gaafa malli na dhibnaan jireenya hiika-dhabeessa jiraachaa ture, yogguu dukkanni hammaataan imalan gama mul’ata kootti taasisurraa na danqaa turetti, situ dungoo ta’ee xurree galma kootti na geessuuf bu’uura kaa’e. **Abboomsaa Warquu** waa’ee kee yoon dubbachuu barbaade jechatu na harkatti laafa. Ati humna jechootatii oli. Hiriya ijoollummaa, gorsaa fi barsiisaakoo bara dardarummaa turte. Tarii waadaan hiriyummaa seera uumamaa eyyamsiisetu dhaamsi koo si qaqqabaatti hin beeku, erga guyyaa sanaatii miirrin ani keessa jiru aarsaa ta’uurra laafaa hin turre. Dhaamsa kee “Abshir! Ni bariiti” naan jechaa turte san hin daganne. Garuu maal godha! Har’a kinoo atis aarsaa ta’uun miila fageeffatteerta. Bool’a kee daadhiin haa guutu! Atumti kitaaba kanaan yaadatami!

AARSAA

GALATA

Uumaa, isa bokkuun qajeelummaa harka isaa ta'eef galanni haa ta'u!

Maatiifi hiriyoonna koo hundi keessan galatoomaa. Akkan bifa kanaan gumaata yaadannoo wareegamtootaa kana qabadhee dhiyaadhuuf, roga hedduun na jajjabeessuu keessaniif ulfaadhaa!

Madaan keessan anaanis na dhukkuba, cabni keessan anaafis meeluudha. Maatiin Abboomsaa hundi keessan naaf jabaadhaa. Mul'ata Abboomsaa nutu galmaan ga'a.

Yoomiif, Tokkummaa fi **Abboomaan** akka kitaabni kun dubbistoota bira qaqquuuf, gulaaluudhaan shoora olaanaa waan taphattaniif naaf jiraadhaa. Isin ilaaleen waan hunda obsa!

Dubbistoonni kitaaba koo hundi keessan ulfaadha. Tokko jennee imala jalqabuutti jirra. Seechi waliin taanee fagoo imalla.

AARSAA

SEENSA

Dhufaatii gootatu aarsaadhumaaf jedhamee olirraa muudamuu hin dhabu. Takkaa haadha gootatu dararamaa fi dhiphina hamaa booda, aarsaa jalqabaa kanfaluun miixatee goota da'a. Takka immoo biyya silaa wandaboo uffattee, goototaan eegamtee, kabajamtee jiraachuuf maltetu waaroo garbummaa uffachuun goota aarsaa taasisa.

Abboomsaa! Aarsaa hiriyummaan barbaadu narraa hin arganne. Gaafa gamtee sana si qaqqabee sin oolfanne. Ta'uullee, otoon fagootti si eeguu kichuutti kutamtee aarsaa taate jedhee seechi hin boo'u. Jabaatu aarsaa ta'ee jabana darbee yaadatama. Hammam fagaattee lafa fooniin si arguu hin dandeenyetti godaantus yoomuu sin yaadadha. Takkaa qaaman narraa si fageessanii wal arguu dhabneerra. Sana booda garuu, akka lamuu hin diigamnettan Siidaa yaadannoo keetii 'AARSAA' jedhee onnee koo keessatti siif ijaare.

AARSAA

AARSAA

Bar otoo faarri tolee
Seerri Uumaa eegamee,
Dharaaf awwaalchi tolee
Dhugaan qofti faarfamee

Dukkanatti michoomtee
Biiftuun baha hin ooltu;
Abbaan qe'ee mulqamee
Jaataniin qe'een dhaaltu.

Silaa dhalashee dhabdee
Haati dhiiraa hin boossu
Kinookaa...
Gaaf uumamni uumaa gorsu
Dheebuuf nuun dhiiga roobsu.

Yookaan itti gammaduuf
Galaana dhiigaa daaku;
Takkaammoo maaltu beeka
Nu nyaachuumaaf hankaaku!

AARSAA

Silaa furmaatni jira
Yoo nuti wal taane;
Maaf ta'innammoo laata
Kan nu gargar baane?

Ifaan ifaadha jetta
Atuu hinbeektu dhoksaa;
Iccitiin dhabamuukee
Maalimee Abboomsaa?

Tarii iyyi si galchaa
Yookaa moo boo'icha?
Si bira naaf qaqqabaa
Otoon siif soqee jecha?

Barbaacha keef hidhadhee
Ardiirra otoon jooree,
Lafa faannikoo gahetti
Otoon sumaan geeraree

AARSAA

Gurrakee naaf qeensitee
Tarii nadhageessaa?
Bar as jirtaa keen dhabe
Eessa jirta Abboomsaa?

Jechoota toora galchee
Silaa siifan walaleessa;
Amma waa jechikoo
Qaqqabee si weerarsaa?

Simbirroon huursuun waccee
Siif weeddisuuf akka baatu,
Walaloo yeedaloon tumsee
Si ibsuuf akka jabaatu.

Ergaan koo si qofaaf
Akka qabaatu guca,
Silaa yeroo siin dhabu
Yogguun suura keen boca.

AARSAA

Garuu...

Bahachuun natti cime

Hindursinan durfame

Silaa...

Warra dhiiga kee dhuge

Garaan isaaniif kaasa;

Imimmaan koo cimmiseen

Dheebuu isaan baasa.

Inni foon kee nyaate

Sitti mayii hin ba'u;

Ramaca onneekoo qabsiiseen

Abidda ta'ee haa boba'u!

Isaan haa bilcheeffatu

Waan hireef haa nyaatu;

Dafqa koon haa dhiqatu

Ati aarsaa hin taatu.

AARSAA

Si'a dhumaaf yoo hargantu
Yoo ardiif nagaa dhaamtu,
Bakki deemtu siin gallee
Diduudhaaf hin yaallee?

Maal qaba yoo natti himte?
Sirraa dhorkuu dadhabuu,
Dheebuu hiriyummaa ba'ee
Si wajjiin du'uu hin dhabu.

Kan waliin ijaarranne
Godoon hiriyummaa,
Kinoos ontee golgoolofte
Yaadannoon ijoollummaa.

Har'a kinoos si dhabeen
Keessa kootti asaasaa,
Si lamuu hin argineef
Maqaakee sagal kaasa.

AARSAA

Baateen galakee dhabe
Guyyaan dhufaama tara,
Ni dhufatattan si eega
Akkamiin abdii mura?

Silaa ittiin of jabeessa
Jechatti abdii sonee,
Bubbulleerra gargar baanee
Bar guyyaatu na gane!

Laboobni abiddaa diimatee
Na argatee nan gubu;
Deemsi karaas dheeratee
Miila koo hin dhaabu.

Qalbii kootu abdii sonee
Taa'i ka'ii na dhorka;
Ofkeessatti ifa qabsiiseen
Carallaa biiftuun morka!

AARSAA

Faanni koos abdii kutee
Gufatee hin dhiigu;
Ni dhuftaan kees seenaa taate
Sin eega sin argu;
Ati yoom as deebita
Ana kan munaagu.

Eeyyeen ana kan munaagu...
Munaaga halkanii
Abjuu hirriiba keessaa
Ati yoom garaa hirte
Amma jettes hoo geessa

Eenyummaa keetu fagaatee
Caalee argame gaara
Jechoonnin an goolamuuf
Si biratti sarara

Akka waan qalbiin koo
Olii gaabbii muudamtee
Akka waan ganamaan
Ceephoodhaaf uumamtee

AARSAA

Ofciree quba nyaachaa
Siifan iyyeetoo harqa;
Hin galle hoo erga baatee
Eessattis hoo si arga?

Hiriyee koo onneen gaaraa
Bashaasha garaan garbaa,
Maal balleessitemmoo
Maalis hoo jedhan gurbaa?

Tarii copha qalamaatu
Galaana ta'ee si nyaatee?
Moo dirra barruutu
Bakka awwaalaa taate?

Kan kees hoo achi ture
Argamni yeroo maraa;
Abboomsaa eessa jirta
Koodee hiriyaa garaa?

AARSAA

Waa badii kee gaafattee
Sitti himuuf akeekanii?
Moo isaan gadheen kun
Garaa dhiiraa hin beekanii?

Yoo ardiif nagaa dhaamtu
Fiixee du'aarra teessee
Harmee koo jettee laata?
Harmee miixuun si deessee

Moo isallee hanqattee
Afuurri kee ciccitee?
Gaafa otoo hin beekkatina
Aarsaa taatee qaarite

Ni bariiti naan jechuun
Abdii na soneessitee
Kaleessa situ ifa
Gita carallaa taatee;
Har'ahoo maal ta'inna
Kan murtoo kanaa kaate?

AARSAA

Anaan guyyaatu gane
Nattis hoo dukkanaa'ee
Bakki dhaqxe siif ifee
Tarii siif waa bari'ee?

Gootota guyyaan miite
Agarii faatti kalaatee?
Hayyichi qaanqee qabsiise
Taaddasaan si simatee?

Guutamaa Hawaasiif
Baaroof Elemoo Qilxuu,
Magarsaa Barii faana
Waaqoo dhaan wal agartuu?

Warra barbaachi dhabe
Qaaliwwan galli dhibe,
Nadhii Gammadaa fi
Jireenyaa Ayyaanaa,
Dabbasaa Guyyoo dhaan
Haasoftuu wal faana?

AARSAA

Warri callisnaan diinaaf sodaa
Bookkisnaan fira bareechuu,
Usmaayyoo Muussaa tiif
Yooseef ilmi Gammachuu

Akkammee ni burraaquu
Dhikkisanii geeraru?
Daraaraa Kafanii faan
Mee akkamitti jiru?

Elemoof Laggasaa Wagii
Maammoof Garasuu Dhukii
Tasfaahuun Camadaa faan
Ilmaan gaafa xiiqii

Qaaliwwan dareedhaa dhabne
Tigistiif Geexee Tafarii
Kumalaaf Nimoonaan hoo
Walbira jirtuu tarii?

AARSAA

Natti himimee Abboomsaa
Siif mijateeraa bakki?
Kan si taasise aarsaa
Maal ta'innammoo yakki?
Bashaasha koo garaan garbaa
Maalis hoo jedhan gurbaa?

Iddoo jirtu himtaa?
Akkan dhufee si ilaalluu
Eebbisaa moo Daadhii siwaame
Yookaan immoo Haacaaluu?

Tarii wal iyyaafattuu
Gaaddisaan hoo nagumaa?
Kabbadaa fi Caalchisaan
Gaafatteertaa Jaagamaa?

Bakkatti ormaaf harkuun gurrisu
Oromiyaa dhaaf ameessi gu'ee
Dhiiga ilmaanshee dhugdi
Kitilli aarsaa ta'ee

AARSAA

Dacheen garaa jabaattee
Qurxumsitee sin nyaatte,
Amma hoo eenyuuf deemti
Tarii waa sinitti himtee?

Haraama maal abbaashee
Seechi maal harqina,
Hammaattu aarsaa taana
Isiniin wal argina(x2)

Xumurame!